





# WALITTI BU'IINSA DHIHAACHAA JIRU


**Barnoota 11ffaa Waxabajjii 15, 2024**



"Dubbiin kee dhugaa dha,
dhugichaan isaan
qulqulleessi."
— Yoh. 17:17

Jaarraa hedduuf, waraanni Kiristoosii fi Seexana gidduutti geggeeffamaa ture handhuurri isaa waaqeffannaa dha. Waaqayyoon waaqessuu, ykn waantota kan biro amala Waaqaa dhabamsiisan waaqessuu.

Waa'ee Waaqaa hubannaa sobaa dhiheessuudhaan, Seexanni namoota, waldootaa fi mootummoota fayyadamuudhaan nama Uumaa waaqessuu barbaadu hunda balleessaa tureera.

Dhugaan bu'uuraa, kan akka Seera Waaqaa, bifti isaanii badeera ykn (yoo Sanbata fudhanne) immoo tasumaa irraanfatameera. Lolli inni xumuraa waaqeffannaa guyyaa dhugaa irra naanna'a. Humnoota seexanni lola isa xumuraatiif itti fayyadamu haa ilaallu.







**Walitti bu'iinsa:**

- Waaqeffannaa.
- Obsa dhabiisa.

**Diinicha:**

- Teessoo jawwichaa.
- Madaa fayye.
- Hoolaa fi jawwee.

# WALITTI BU’IINSA

# WAAQEFFANNAA

"Yommus, "Ati waan hundumaa waan 'uumteef, isaanis jaalala keetiin waan uumamaniif, waan jiraataniif, gooftaa keenyaa! Waaqayyo keenyaa! Guddina, ulfina, aangoos fudhachuun siif in ta'a" in jedhu."— Mul. 4:11






Uumamni samii keessaa, sababa humna uumuu Isaatii Waaqayyoon waaqessu (Mul. 4:11; Iyo. 38:6-7).

Akka Uumaa fi Fayyisaatti of dhiheessuudhaan, Waaqayyo waaqeffannaa nurraa fudhata (Isa. 45:6-7, 18-20; 65:18).

Ergaan dhaloota dhumaatti labsamu, Waaqayyoon akka Uumaatti addunyaan akka waaqessituuf waamicha godha (Mul. 14:7).

Gama isaatiin Seexanni addunyaan akka isa waaqessitu barbaada, "bineensa" isa akka bifa fakkeenyaa "tolchuuf" kenneefiif sanaa wajjin karaa isaa waaqeffannaa addunyaa irraa fudhata. (Mul. 13:2, 4, 14-15).

Yeroo akkasii, ijoon walitti bu'iinsaa Sanbata ta'uun isaa ajaa'iba miti. Warri "abboommii Waaqayyoo eeganii fi amantii Yesuusiin qaban" (Mul. 14:12) guyyaa Uumaa ta'uu Isaa yaadachiisu irra Isa waaqessu.





# OBSA DHABIISA


"Manneen sagadaa isaanii keessaa isin in baasu; caalaadhumatti iyyuu yeroon itti isin ajjeesan in dhufa; namni yoo isin ajjeeses Waaqayyoof waan hojjetu isatti fakkaata."— Yoh. 16:2



Wal'aansoon keenya kan foonii utuu hin taane kan hafuuraati (Efe. 6:12). Meeshaa lolaa kan foonii hin hidhannu, kan hafuuraa malee (2Qor. 10: 3-5). Haa ta'u malee, diinni meeshaa foonii nu balleessuuf fayyadamuu irraa duubatti hin jedhu

Yooma rukuttaan Seexanaa waldaa ishee amanamtuu irratti ta'ellee, "bo'ichi" warra amanamoo akkasumaan miti. (Mul. 12:12). Seexanaaf meeshaan waraanaa kamiyyuu gatii qaba.

- Karaa fedhii keenyaa nu qora (Yaaq. 1:14)
- Waan gaarii fakkaatuun nu amansiisuu yaala (2Qor. 4:3-4)
- Namoota nutti dhihootti fayyadama (Mat. 10:34-36)
- Miidhaa geessisuudhaan sodaachisa (HEg. 5:40)
- Fincila hadhaa'aa fayyadama (Yoh. 16:2)




Seenaa keessatti akkasitti hojjete, rukuttaa isa dhumaas akkasuma godha: gowwomsaa fi amansiisuu yaaluu (Mul. 13:13-14); qoqqobbii diinagdee geessisuu (Mul. 13:16-17 ); warra isa hin waaqessine irratti labsii du'aa baasuu (Mul. 13:15).

# DIINICHA

# TEESSOO JAWWICHAA

"bineensi akka jawwee sunis humna isaa, teessoo isaa, aboo isaa isa guddaas bineensichaaf in kenne,"— Mul. 13:2b



Jawwichi Seexana (Mul. 12:9), bineensi inni karaa isaa aboo isaatti fayyadamu, bineensa isa 4ffaa Daani'el 7 keessaa (isa leenca, amaaketaa fi qeerrensatti aanee) dhufu dha (Mul. 13:2) ilaali.

Mul'anni 13 ibsa dabalataa boqonnaa 12 ti. Erga Yesuusiin ajjeesuu yaalee, Yesuus immoo ol ba'ee booda jalqaba (Mul. 12:3-5). Lakkoofsonni gara jalqabaa, miidhaa waldaa irra waggaa 1,260f ga'e irraa jalqaba, inni hafe immoo taatee isa "jawwichi dubartittiitti aare" sana irratti xiyyeeffata; achii isa inni sanyii ishee irratti lola kaase sana ibsa" (Mul. 12:17).



Erga qomoo warra barbaariyaaniin weeraree booda, impaayerri/mootummaan/ Room addaan hirame. Suuta suuta, humni Room harka waldaa keessatti hafe, waldaa ishee aangoo siyaasaa isa aangoo arrabsuu kennisiiseefii fi waldaa ishee amanamtuu ari'achiisetti kennamte (Mul. 13:4-8).



# MADAA FAYYE



"Namni booji'amuuf jiru, booji'amuun isaa hin oolu; namni billaadhaan ajjeefamuuf jiru, billaadhaan ajjeefamuun isaa hin oolu; kana keessatti obsaan danda'uunii fi amantiin warra Waaqayyoof qulqullaa'anii, in barbaadama."— Mul. 13:10

Erga jaarraa hedduudhaaf aangoo isaa fayyadamee namoota "baqattoota" taasisee, "billaadhaan ajjeesee" booda (Mul. 13:10), waldaan Room iyyuu (karaa oogganaa isheetii, Pius VI) baqataa taatee "madaa du'aan ga'u" madoofte (Mul. 13:3).




Yooma, Phaaphaasichi biyyoota sirna sanaan bulan hanga 1870 tti turfate illee, yeroo hundeeffame aangoo isaa fi bittaa isaa guutummaatti dhabe. Yeroo sana, Waldaan waan lammata deebitee aangoo ishee argattu hin fakkaanne ture.

Bara 1929tti, Magaalaan Vaatikaan akka mootummaa of dandeesseetti beekamtii argatte. Madaan sun deebi'ee fayyuu jalqabe. Ammaa booda maaltu taa'a?





Akka taateen bara dhumaa ibsutti, geggeessitoonni addunyaa rakkoo addunyaatiif fala kaa'u. Kuufama fala kaa'amuu keessaa tokko, shakkii tokko malee boqonnaan guyyaa Dilbataa akka qabxii jabaa maatii, namootaa fi saba walitti fiduutti karaa sirna phaaphaasii dhihaata.



# HOOLAA FI JAWWEE

"Kana malees bineensa lafa keessaa ba'u biraa tokko nan arge; akka hoolaa gaanfa lama qaba, akkuma bineensa akka jawwee sanas in dubbata ture."— Mul. 13:11




Bineensi jalqabaa, waldaa ishee Yesuus hundeessinaan faalamte keessaa ka'e. Yeroo isheen madoofte, seexanni "raajii sobduu" bakka ishee fudhatee madaashee fayyisu barbaade (Mul. 13:11; 16:13 ). Ammas, hidhata isaa biyya qajeelfama Kiristiyaanummaa isa qulqulluu irratti hundoofte keessaa argate (Ameerikaa Kaabaa).

Yesuusiin (Hoolicha) akkeessuudhaan jalqabe. Biyya mootummaa rippapilikiiti, kan moototas gonfoos hin qabne) aangoo gargarii lama (gaanfa) irratti kan hundoofte dha: mootummaa fi amantii jechuu dha.



Akka humna addunyaa isa jalqabaatti, akka jawweetti dubbachuu jalqabeera. Yeroo dhihootti immoo, seera dhimmoota amantii phaaphaasummaa isa "fakkeenya bineensichaaf" dhaabu deggeran irratti seera baasuu jalqaba.

“Fakkeenyi bineensa kanaaf dhaabatu dhaabbata amantii kan biraa humna wal fakkaatu qabu bakka bu’a. Fakkeenyichi bineensa hoolaa fakkaatuun dhaabbata. Bineensi hoolaa fakkaatu kun fakkeenya Ameerikaa, ishee nagaa fi gaarii fakkaatuuti. Waldoonni Ameerikaa dhimma amantii wal fakkaatu irratti tokkoomu. Waldoonni tokkooman kun, mootummaan seera dhaabbata amantii dirqama taasisu akka baasuuf dhiibu. Yeroo kun ta’u, Pirotestaantiin Ameerikaa fakkeenya phaaphaasiif dhaabdi. Sana booda, waldaan isheen dhugaan, akkuma saba Waaqayyoo warra darbanii ni ari’atamti."

EGW (History of Redemption, Srme 1.116g)